**Waxabajjii 14/2014**

# IYYANNOO BARATTOOTA OROMOO YUNIBARSIITII JIMMAA

Abdiin saba bal'aa saba Oromoo yoomiyyuu numa ilmaan Oromoo qofadha. Gaaffii mirgaa karaa Nagaa Gaafaneef deebiin Mootummaa fi bulchiinsa Yuunibarsiitii Jimmaa irra nuuf kenname hidhaa, reebicha, barnoota irra arii'amuu yoo ta'uu ajjeechaan baldhaan Oromiyaa keessatti gaggeeffamaa jira. Yeroo amma kanatti Oromiyaan dachee gaddaa kan ilmaan ishee nagaan qe'ee irratti ajjeefamaa jiran ta'uun baay'ee nu gaddisiisera. Akeeka mootummaan ta'ee jedhee duula duguddinsa Sanyii (Genocide) uummata keenya irratti gaggeessa jiru jabeesinee balaaleffanna. Yeroo amma kanatti Guutummaa Oromiyaa fi dhaabbileen barnoota Olaanoo Yuunibarsiitoota Oromiyaa keessa jiran irra hanga manneen barnoota sadarkaa tokkoffatti halli Oromiyaa keessaa kan itti aanu kana fakkata:

1. Mooraan Dhaabbilee barnoota gara mooraa waraanatti jijjiramee, waraanni guddaan mootummaan EPRDF qabu mooraa Yuunibarsiitota Oromiyaa keessa qubsiifamuun galgalaa ganama afaan qawween doorsifamaa akka jiraannu ta'ee jira.
2. Mootummaan basaastoota heddumina qaban mooraa Yuunibarsiitoota fi Magaalota gurguddoo Oromiyaa irratti bobbaasuun yakkootni akka ajjeechaa itti fufinsaan uummata keenya irratti gaggeeffamaa jira. Addatti sabboontotni Oromoo adamsamanii ajjeefamaa jiru. Oromiyaa keessa lubbuun jiraachuun yaaddessaa ta'aa jira.
3. Mootummaan sirna baruu fi barsiisuu laamshessee baajata barattootaf ramadame illee tajajila waraanaaf akka oolu taasifatera.
4. Barattootni Oromoo qaroo fi abdii biyyaa ta'an balleessa tokko malee gaaffii karaa nagaa dhiyeessaniif rasasa mootummaatiin akka baala harcafamuun galgalaa ganama ajjeechaan ijoollee Oromoo irratti gaggeeffamaa jira, ilmaan Oromoo kumaan lakka'aman jumlan hidhatti guuramanii jiru. Hedduun barnoota irra arii'amaniru.
5. Gaaffii mirgaa karaa nagaa fi dimookiraasii gaafanneef hanga har'atti deebiin isaa ilmaan Oromoo dhibbootaan lakka'aman rasasa mootummaan nurratti dhukaasaa jiruun ajjeefaman, kumootaan kanneen lakka'aman hidhatti darbaman, dhibbootan kanneen lakka'aman barnoota irra arii'amanii jiru.
6. Gabaabumatti haalota kana irra Uummaatni Oromoo mootummaa bakka isa bu'uu fi mirga isaa kabachiisu kan hin qabne ta'uu eenyuu iyyuu haaluu hin danda'u haala kanaaf yakkii fi dugugginsi sanyii har'a Oromiyaa keessatti gaggeeffamaa jiru raga guddaadha.

Yeroo amma kanatti rakkoon ulfaataan kana fakkaatu Oromiyaa fi uummata Oromoo irratti gaggeeffamaa utuu jiruu mootummaan abbaa irree EPRDF /TPLF'n durfamu OPDO dawoo godhachuun karaa tokkoon yakka ~~D~~dugugginsa sanyii uummata keenya fi nu abdii boruu ajjeesaa, gama biraatiin immoo ilmaan leellistoota sirna cunqursaa habashaa (nafxanyaa) dhabbilee barnoota Olaanoo Yuunibarsiitota Oromiyaa keessatti bakka bu'aa gamtaa barattoot (president) kan bara dhufuuf jecha barattoota Oromoo bakka bu'anii akka filamaniif karaa OPDO akka OPDO'n dhiyeesitu qajeelfama kennameen shirri guddaan mirga barattoota kumatamaan lakkaawamanii sarbuun barattoota Oromoo irratti shirrri gaggeeffamuuf qophiin xummurame jira. Haalli kun Yuunibarsiitii Jimmatti karaa OPDO presidenti barattootaf kan qophaa'ee jiru **barataa dhalootan Amhaara ta'e barataa Darajjee Garremoo Ratta**, afaan

Oromoo dubbachuu qofa malee barreessu illee hin beekne Oromoodha jechuun president gamtaa barattootaf kan OPDO'n qopheesite ta'uun saaxilamee jira.

Ammas nuti barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa , Ajjeechaa duggugisa sanyii, hidhaa jumlaa, shiraa fi shororkeessa mootummaan nurratti gaggeessa jiruu baalaleeffachaa, Iyyannoo keenya marsaa lammaffaa qabxii armaan gadii bu'uura godhachuun dhiheeffatna:

1. Nuti barattotni Oromoo lubbuu mirga abbaa biyyummaaf jecha baatee fi bahaa jirtuuf gadda guddaa keessa waan jirruf;

2.Barattootnii fi hawaasni manneen hidhaatti seera ala guuramani fi guuramaa  jiran akka gadi lakkifamanii fi barattootni nu gidduudha qabaman akka gadi gadhiifamaniif  gaaffii wal irraa hin citnee itti fufna;

3. Gaaffiin lubbuu hedduu kana dura seeraan dhiheefftne hanga deebii argatutti sochiin karaa nagaa eegallee jabaatee itti fufa;

4. Qaamni gaaffii mirgaatiif deebii rasaasa taasise lubbuu ilmaan Oromoo dhibbotaan lakka'aman galaafachaa jiru hanga seeratti nuuf dhiyaatutti lubbuu seeraan ala bahaa jirtuuf wardiyaa dhabbanne falmanna;

5.Gumaa lubbuu uummata keenyaa seeraan alatti dugugamaa jiruuf Mootummaan itti gaafatama fudhachuu akka beeksisu gadi jabeessinee gaafatna;

6. Hoomaan waraanaa hawaasaa keenyaa fi barattoota keenya dararaa jiru hanga nurraa ka'utti fi shororkeessii fi basaasni dhaabbilee barnoota irratti xiyyeeffate nurraa hanga dhaabbatutti gaaffiin karaa nagaa goonu itti fufa;

7. Sirni cunqursaa Abbaa irree dimokiraasiin aguugame nurraa ka'ee mirgi namummaa fi dimokiraasii nurraa mulqee akka bineensa adamsee nu ajjeesa jiru, hanga nuurra kaafamutti mirga keenyaa fi mirga dimookiraasii kabachiisuuf **karaa nagaa qabsaawuu irraa** duubbatti hin deebinu

8. Bakka bu'aa gamtaa barattoota (president) Barattoota mooraa Yuunibarsiitii ala taa'ee kan barattoota Oromootiif filu OPDO ta'uu hin qabu, gochaa amma OPDO'n qajeelfama TPLF sodaatte ilmaan leellistoota sirna Hbashaa afaan beekan barattoota Oromoo bakka buusuun ilmaan Oromoo irratti filaa jirtuu ni balaaleffanna. Yakka kanaafis boruu itti gaafatamaan OPDO ta'uu hubachiifna. Mooraan Yuunibarsiitii waraanaa fi basaastuudhaan utuu shororkeeffamaa jiru, sirni baruu fi barsiisuu gaggeeffamuu waan hin dandeenyeef gochaan kun nurraa dhaabbachuu gaafatna. Akkasumas lafa deemnu hundatti sakkatta'insi waraanni nurratti gaggeessa jiru nurraa dhaabbachuu qaba jechuun haala gaddiisisaa fi ulfaata yeroo amma uummaanni keenyaa fi keessattuu nuti barattootni Oromoo keessa jirruuf  rakkoo ulfaata kana ibsachuuf **mirgi hiriira nagaa gochuu nuuf akka eyymamu gaafatana.** Haala yeroo amma kana irra ka'uun,  yaaddoo jireenya guddaa keessa waan jirruuf kabajaan iyyaannoo keenya dhiyeeffannera.

Iyyaannoo Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa

Waxabajjii 16, 2014

Jimmaa

.